Jijjiirama Ulaalgaaleen Maatii Gargaarsa Yeroof Barbaadanii (TANF)fi Dursa-hojii (WorkFirst) barbaachisuu guutuu irratti

Kutaan bulchiinsa Waashingiteen sagantaalee TANFfi WorkFirst tiif danbiiwwan jijjiireera.

Adoolessa 28, 2019 irraa kaasee sababii WorkFirst kan ta'an sadii ajaja hin guutiiniif addaan citu waan jiraatuuf, maatiiwwan gargaarsa maallaqaatiif TANF keessaa dhaabbataadhaan hin ar'iaman. Dabalataan, maatiiwwan rakkoon mana jireenyaa isaan mudate deggersa ji'oota dabalataa, kan yeroon isaa hanga baatiiwwan 60tti daangeffamee (yeroo murtaa'ee ture dheeressuu) argachuu danda'u.

Yeroo daangeffamee ture dheeressuuf, kan mana hin qabne jechuun:

- Kan ala/bakkee jiraachaa jiru,
- Kan gamoo ykn bakka biroo namni keessa akka jiraatuuf hin taane keessa jiraachaa jiru,
- Kan gamoo ykn bakka biroo keessa jiraachuudhaaf seeraan mirga hin qabnee keessa jiraachaa jiru,
- Dunkaan/goduu yeroo mudamaa keessa kan jiraachaa jiru ykn
- Sagantaa mana jireenyaa kan yeroodhaaf jedhamee, tarii kan akka yeroo ce'umsaa ykn sagantaa mana jireenyaa yeroo murtaa'eef qofa keessa jiraatamu keessa jiraataa jiru.

Maatiiwwan sababii WorkFirst ta'an sadii ajaja hin guutiiniif addaan citu waan jiraatuuf ykn deggersa TANF kan baatii 60 hunda waan fayyadamanii fixaniif yeroo ammaa mana jireenyaa hin qabneef TANF argachuu keessaa baafaman, **amma tarii deggersa maallaqaa argachuuf ulaagaa guutuu danda'u ta'a**.

Deggersa maallaqaadhaaf iyyachuudhaaf:

- Wiirtuu tajaajila maamilaa ittiin qunnamaniin bilbili 1-877-501-2233
- Iyyannoo haarawaa WashingtonConnection.org irratti guuti
- Waajira Tajaajilawwan Hawaasaa naannoo (CSO) deemi

Washington State Department of Social & Health Services
Transforming lives
(8/19) Oromo